**DOI: https://doi.org/10.20372/jdq.v2i1.982**
**ISSN: 2521-8336 (Print) and 3005-7647 (Online)**
**Jornaalii Dilbii Qorannoo**
**Jor. Dil. Qor. Amajjii-Waxabajji 2024, 2(1), 111-129**
**Fuula Manaa: https://journals.wgu.edu.et**

Qorannoo Asilii

# Xiinxala Falaasaamaa Walaloo Sirbootaa Afaan Oromoo Filataman keessatti Calaqqisanii

Dheeressaa Faqqadaa[1*], Ashannaafii Balaay [2*], Waaqtolaa Waaqjiraa[3*]
Muummee Afaaniifi Ogbarruu Oromoo, Yuunvarsiitii Wallaggaa, L.S.P. 395, Naqamtee, Itoophiyaa

**Axereraa**

*Kaayyoon qorannoo kanaa Xiinxala falaasama Walaloo Sirbootaa Afaan Oromoo Filataman keessatti calaqqisan jedhurratti xiyyeeffata. Waraqaa kana keessatti paradaayimiin qorannoo paradaayimii "interpretive" n yookiin ibsaan dhimma kan bahamedha. saxaxa qorannoo ibsaatti gargaaramuun kan adeemsifamedha. Malli qorannoo dhimma itti bahame mala qorannoo akkamtaa ta'ee gosa qorannoo addeessaati. Bu'uuruma kanaanis yaadiddamni xiinhawaasummaafi ijaarsa hawaasummaa dhimmoota falaasama walaloo sirboota dhiyaatan akkamiin beekumsa hawaasaa akka ijaaran kan xiinxalamanidha. Mala iddattoo miti-carraa keessaa tooftaa iddatteessuu kaayyeffataatti gargaaramuun sirboota Afaan Oromoo hedduu jiran keessaa walaloo* sirbaa *Alii Birraa mata-duree 'Anis biyyan qaba, AB jennee kaanaafi karaa Mana Abbaa Gadaa' kan filatamanidha. Tooftaa ittiin ragaan funaanamees mala sakatta'a dookimentin sagaleefi barreeffaamaan toora interneetii irraa walitti kan qabameedha. Malli xiinxala ragaalee mala akkamtaa irratti hundaa'uun kan gaggeeffamedha. Tooftaan xiinxala ragaalee kunis sirboota filataman haala walitti dhiyeenya qabiyyee isaaniin bakka tokkotti walitti fiduun kan xiinxalaamanidha. Akka ragaan walaloo sirboota filatamanii kunniin irraa argaman akka mul'isanitti falaasamni walaloo sirbaa kana keessatti mul'atan keessaa tokko dhimma lafaafi biyyaaf qabu caalmaan kan mul'atudha. Falaasama Oromoon lafaaf qabu haadhaan walfakkeessa, biyyaan immoo abbaan yookiin dhiiraan waama. Lafti hawaasummaa, dinagdee, aadaa, qubsuuma, amantii, eenyummaa, madaala uumamaa, bakka argamaafi dhuftee ta'uusaan kan balballoomsanidha. Kanamalees, beekumsa inni gama afaaniin qabu, afaan ofii isaan dubbatee lafa isaarraa jiraachuu akka qabu kan dhaamanidha. Dhimma afaanii eenyummaa jiaachuufi jiraachuu dhabuun walqabsiisa. Walumaagalatti, falaasama Oromoon sirboota filataman keessatti argamu dhimma hawaasni kuni jiruufi jireenya isaa keessatti gargaaramu kan calaqqisiisudha. Dabalataanis, ilaalcha yookiin falaasama Oromoon ittiin naannoo isaa hubatu falaasama ofiisaa qabuun kan hooganameedha.*

**Article Information**

**Article History:**
Received: 05-02-2024
Revised: 24-03-2024
Accepted: 20-05-2024

***Jechoota Ijoo:*** *falaasama, lafa, Oromoo, walaloo sirbaa, waaqa*

**Qorataa Muummee: Dheeressaa Faqqadaa*

*E-mail: derofeke@gmail.com*

**Copyright@2024 Jornaalii JDQ, Yuunivarsiitii Wallaggaa. Mirgi Eegamaadha.**

**Seensa**

Falaasamni beekumsa, yaada, amala dhala namaafi naannoosaa akaatatti sabichi hubatu kan hammatudha. Kanaafuu, falaasamni yaadaa waliigalaa jiruufi jireenya hawaasa tokkooti (Ibekwe, 2010). Yaadootni bu’uuraa wantoota akka dhugaa, jireenya, beekumsa, gatii, sababaa, sammuufi afaani wajjin wal qabatu. falaasamni tooftawwan rakkoo hawaasaa keessatti uumamanii furan adeemsa tooftawaa waliigalaafi qajeelfama fudhatamaa irratti bu'uureffamuu isaati (Ibekwe, 2010). Falaasamni hawaasa addunyaa guutuu biratti kallatti garaagaraan beekumsaafi yaada isaa ibsatu.

Akka addunyaatti gooroowwaan falaasamaa gurguddoon kan jiran afur kan jiranidha. Gooroowwan falaasamaa addunyaa keessa tokko Falaasama meetaa- fiiziksiiti. Kunis falaasamaa yaada waliigala dhugaa, qabiyyee, eenyummaa, akkataa uumama sammuufi bifa bilisa ta’een kan qoratudha. Karaa biraan immoo akkaataan yaaduufi sababeessuun akkataatti addunyaa kana hubannuuf nudaangessa. Kunimmoo addunyaa kanarraa dhugaan dhaabbataa ta’ee yeroo mara taa’u akka hin jirre mul’isa (John and Markosian, 2010). Dhimmi xiyyeeffannoon falaasama kanas haala uumama waantootaafi addunyaa kanaa ibsuu irratti adda durummaan kan xiyyeeffatudha. Kanaanis gaaffiin guddaan xiyyeeffannaa isaas addunyaan kuni maal fakkaatti, akkamittis namoota biratti hubatamti kan jedhu qaba (Theodore Sider fi kanneen biroo, 2008).

Falaasamni inni biraan immoo falaasamni Ippistimoloojii kuni akkaataa uumamaafi ibsama beekumsa dhala namaa irratti hundaa’a. Namootni addunyaa kanaa karaa ittiin falaasama uumama lafa kanarraa jiruufi dhugaawwaan kallattii ittiin hubachuu danada’an tooftaa adda addaa fayyadamu. Ipistimooloojiin akkaataa yookiin tooftaa kamiin dhugaa beekuu akka dandeenyu kan nutti mullisuudha. Kunis akkamiin akka beeknuufi maal akka beeknu irratti kan xiyyeeffatudha. Walitti dhufeenya uumamaawwan akka beeknu barbaadneefi waanta beekamuu qabu irratti bu’uruun addunyaa kana hubachuuf falaasama hayyootni kalaqanidha (Guba and Lincoln 1988, crotty 1998). Kanaafuu, falaasamni kuni xiyyeeffannoonsaa inni guddaan kallatti nuyi ittiin uumama kana hubachuuf yaalluufi waan beekuu qabnurratti hundaa’uun beekuumsa kan dabarsuudha.

Gooroowwan falaasamaa inni biraa immoo falaasama Namuusaati. Falaasamni namuusaa akkaataafi haala jireenya hawaasa tokkoo kan

mul'isudha. Akka Yap, S. F. (2014) jedhutti, dudhaafi amala hawaasichi waliin qabu jidduu galeessa godhata. Akkataan jireenya hawaasa tokkoo immoo kan murteeffamuufi hoogganamuu danda'u hawaasichumaani. Namuusni saayinsii waa'ee waan sirriifi badaa qoratuuti. Haamileen (moral) immoo hojiirra oolmaa waa'ee namuusaati. Namuusni sona namni dhuunfaan tokko haala ta'e tokko keessatti argisiisuudha. Haamileen immoo taatee namuusni kuni gara gochaatti jijjiiramu kan mullisudha (Rennie, 2007).

Goorowwaan falaasamaa inni biraan falaasama Loojikiiti. Loojikiin dameewwan falaasamaa keessaa tokko ta'ee saayinsii waa'ee sababeessuu sirrii waantotaa qoratudha. Loojikiin saayinsii waa'ee sababeessuuti. Loojikiin sababeessuu Saayinsii waa'ee qabatamaan argamuufi kan hinargamneeti (Cop fi kanneen biroo, 1997). Dhimmootni xiyyeeffannoo goorooowwan falaasama addunyaa kanneen jiran beekumsawwan addunyaa kanarratti argaman karaa ittiin hubatanidha. Dhugaawwan addunyaa kanarra jiran tooftaa kamiin akka hubatamaniifi akkaataatti hawaasichaan uumaman irratti xiyyeeffatu.

Akka falaasamaafi ilaalcha saba Oromootti beekumsa, yaadaa, amala, jiruufi jireenya sabichaa keessatti mul'atu tooftaa ittiin ibsu niqaba. Ilaalchuma kanaanis ofiifi addunyaa guutuu hubata. Akka falaasama Oromootti ilaalchawwan sadiin aaddunyaa kana hubata. Ilaalchootni kunniin keessaa tokko kallattii waaqaan addunyaa kana ilaala. waaqni aaddunyaa kana kan uume ayyaanaani. Waaqni walitti qabaa naannoo kanaati. Waaqni uumaa duwwaa osoo hintaane eegaa addunyaa kanaa akka ta'e ni amanama. Eegaa uumama jiraniifi madaallii hawaasaa eeguun iddoo olaana qaba. Akka falaasama Oromootti waaqa akkaa uumaatti, gurraacha, aangoo qabeessaa, waan hunda beekaafi hunda danda'aa ta'uu amana (Gemetchu, 1993).

Akka amantaafi dhugeeffannaa hawaasa Oromootti waaqni waan jalqabaafi kalaqaa waan addunyaa kana maraati. Kana malees qofaasaa ofdanda'ee kan dhaabbatudha. Waaqni wantoota naannoo keenya mara jiran mararratti olaantummafi harkasaan kan uumamanidha. Kana malees waaqni gaafa wantoota addunyaa kanaa yommuu uumuu waan ittiin beekamaniifi adda ittiin bahan ayyaanaa mataa mataasaanii waliin kan uumedha (Tesema, 2012). Haata'uu malee wantootni uumaman kanaaf maalirraa akka uume waanti beekamu tokkollee hinjiru. Kunimmoo aangoo qabeessaafi hunda beekaa ta'uusaa kan mul'isudha.

Ilaalchi inni biraan ittiin jireenya addunyaa kanaa hubatu safuudhaani. safuun gochaalee nama dhuunfaafi garee kan hoogganudha. Hawaasni Oromoo daa'imman isaa hawaasa waliin jiraatuufi keessa jiraatu jgochaa garii barsiisun eebbifamaafi kabaja akka qabutti dhiyeessa. Daa'immaan suni gochaa gaarii yoo dalagan waaqni waan hamaa irraa hiriyyootaafi maatii isaanii keessatti isaan tiksa (Bartels, 1989). Oromoo biratti jechi safuu jedhu jireenya guyyuu faana walitti hidhataadha. Kanaaf, jecha safuu jedhu jecha tokkoon hiikti isaa kanadha jennee lafa kaa'uun ulfaatdha. Sababni isaas safuun seera waaqaa faana walitti hidhamiinsa waan qabu. Safuun waantoota jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti hineeyyamamne raawwatanii argamuudha. Waaqni waan hundumaa safuu waliin uume. Safuun waan hunda bakka bu'a garuu kanneen hinhubatamnes nijiru (Dasta,2015).

Akka ilaalchaafi falaasama hawaasa Oromootti safuun seera uumaa jalqaba kan ture, gara fuulduraattis kan jiraatudha. Safuun seeraa hariiroo dhala namaafi dhala namaa jidduu jiru, hariiroo dhala namaafi uumama jidduu jiruufi hariiroo waan hunda kan fedhiifi seera waaqaa eegudha. Safuun seera walitti dhufeenya uumaafi uumama qajeelchu, sirreeffamaafi naqatoo uumamaa tiksu, eeguufi to'atudha. Safuun utubaa sirreeffamaafi qajeelfama uumamaati. Safuun seera waaqaan uumamee jiruufi jireenya dhala namaafi uumamaa to'atu, qajeelchuufi sirreessuudha (Bartels, 1983).

Kallattii inni biraan gama Aayyaanaan addunyaa kanaa hubata. Ayyaanni waaqa biraa uumama addunyaa kanaaf kan kennamedha. Uumamni addunyaa kanaa marti ayyaana mataa isaanii danda'e kan qabanidha. Bartels (1983) Gemetchu wabeeffachuun akka ibsutti ayyaanni amantii Oromoo keessatti caasaafi falaasama yaadaa uumamni hundumti isaanii uumama dachaadha. Gariin ayyaana isaanii ijaan kan argaman yommuu ta'u, gariin immoo ijaan kan hinargamne garuu keessa keenyatti kan beeknudha.

Hawaasni kuni daandii ittiin jiruufi jireenya isaa qajeelchee dhugaawwan jiran hubatu keessaa tokko sirbaani. Yaadoota kanarraa ka'uun qorataan falaasamawwan walaloo sirbootaa filtaman keessatti akkamiin akka ibsaman qorachuuf kan kaayyefatedha. Dabalataanis, sakatta'a qorannoowwan walfakkiin hamma hubannoo qorataatti kan hinjirreef ta'uunsaa ka'umsa biraati. Kanumarraan ka'uun waraqaan kuni xiinxala walaloo sirboota filataman keessatti

fasaasamawwan boodasaa jiru adda baasuu irratti kan xiyyeeffatedha

**Malleen Qorannichaa**

Qorannoon kuni xiinxala falaasama walaloo sirboota Afaan Oromoo filataman keessatti argaman jedhu irratti kan xiyyeeffatamedha. Kana galmaan ga'uudhaafis saxaxa qorannoo ibsaafi mala qorannoo akkamtatti dhimma bahameera. Sababni isaas ragaaleen qorannoo kana keessatti dhiyaatan jechaan xiinxalamanii kan dhiyaatanidha. Qorannoo kanaaf walaloowwan sirbaa Alii Birraa mata-duree 'Anis biyyan qaba, AB jennee kaanaafi karaa Mana Abbaa Gadaa' kan jedhu mala iddattoo miti-carraa keessaa tooftaa iddatteessuu akkayyoon kan filatamanidha. Maddi ragaa qorannoo kanaas walaloo sirboota kanneeni madda ragaa tokkoffaadha. Ulaagaan walaloo sirbaa kuni filatame sirboota Afaan Oromoo jiran keessaa hangafaafi sadarkaan dhaggeeffatamummaan isaa olaanaa warra ta'an keessaa ta'uusaati. Kunimmoo yaadiddama qorannoo xiinhawaasummaafi ijaarsa hawaasummaan sirriitti yoo xiinxalame kanneen biroof daandii ta'uu danda'a jedhameeti.

Walaloo sirboota kanarraa ragaan yommuu fudhataman tooftaalee funaansa ragaa sakatta'a barruutti gargaaramuun kan guuramanidha. Kanuma bu'uura godhachuun ragaalee haala walitti dhiyeenya qabiyyee isaaniin wal kan simsiifamanidha. Tartiibuma kanaan ragaaleewwan jiran mala dhiyeenya qabiyyee isaaniin falaasama hawaasni Oromoo qabu walaloo sirboota sana keessatti maaltu akka argamu bakka tokkotti fiduun xiinxalamaniruu.

**Dhiyeessaafi Xiinxala Ragaalee**

**Dhimma Lafaa Yookiin Biyyaan Walqabatee**

Hawaasni Oromoo falaasama dhimma biyyaa irratti qabu daran olaanadha. Yaadaafi ilaalcha haala biyyaa ilaalchisee falaasama adda ta'e kan qabudha. Beekumsa ittiin dhimma biyyaa ittiin hubatu ilaalchisee kallattii garaagaraan kan hubatudha. Haala falaasama hawaasa Oromoo kana ilaalchisee kallattii adda addaan kan mul'atudha. Kallattii ittiin falaasamni hawaasaa mul'atu keessaa inni tokko sirbaan kan argisiifamudha. Falaasamni hawaasaa sirbaan mul'atu keessaa muraasa akka armaan gadiitti haa ilaallu. Kanneen keessaa walaloo sirbaa Alii Birraa mata duree "Anis biyyan qaba" jedhu keessatti dhimmi xiyyeeffannoo mataduree walaloo sirba "Anis biyyan qaba" jedhuu beekumsaa ganamaafi falaasama sabni kuni gama dhimma lafaafi biyyaan qabu hedduminaan kan ifoomsuudha. Akka sabaatti biyya qaba jechuuf ulaagaa guutamuu

qabaniifi akkamitti akka kunuunfamuu qabu irratti kan bu'uuredha. Dabalataanis, ulaagaan biyyi tokko biyya jedhamuf qabdu kan tarreessuudha. Kunimmoo falaasma sabaafi sab-lamootni biroon dhimma biyyaa irratti qabuun addadha.

*Anis biyyaan qaba*

*Biyya biyya caaltuu*

*Biyya too Oromiyaa*

*Kan uumaan badhaatuu*

*Handhuura abbootaa*

*Biyya gootoowwanii*

Oromoon biyyaan dhaaddata. Biyyas ni jaallata, ni kunuunsa. Falaasmni hawaasni kuni dhimma biyyaa irratti qabu gama adda addaan dhimmoota hawaasichaa kan hammatudha. Beekumsi hawaasti kuni gama biyya jedhuun qabu iddoo olaanadha. Namni sadarkaa dhuunfaattis ta'ee akka sabaatti biyyaan dhaaddata. Akka falaasama kanaatti biyyi tokko biyya jedhamuuf waan ittiin beekamtu qabaachuu qabdi. Kanneen keessaa immoo uumamaan badhaatuu ta'uu qofa osoo hintaane waan hawaasti sun irraa fayyadamee jiraatu qabaachuun irra eegama. Kanaaf immoo biyyi kuni qabeenyaan badhaatuu ta'uu ishee walaloo sirbaa kanaan kan addeessuudha. Waammannaan yookiin dhaaddannaan biyyaa kan dhufu yoo ta'e; biyya waan ittiin jiraatan hundaan badhaatuu taate, biyya abbootni keenya hiddiifi hundeen isaanii keessatti awwalamee asgahe gootawwaan hedduu kallattii hundaan beekaman kan qabdudha.

Gama biraan immoo akka falaasama hawaasa kanaatti biyya akkatti ilaalu biyyi jiraachuuf kan biyya sana kallattii adda addaan eegan, tiksaniifi jiraachisaan biyyicha keessa jiraachuu isaaniiti. Haaluma kanaan itti gaafatamummaan dhugaan kan itti dhagahamu abboota biyyaa sana keessatti jalqabaa kaasanii gaggeessaa turan kan mataashee qabaachuu yoo dandeesse akka biyyatti ilaalamti. Kanaafuu, abboota eenyummaa biyya sanaa beekaan, ijaarani, hundeessaan, bakka sanarratti handhuura buufatan, eegaaniifi tiksanii asiin gahan kan qabdu ta'uusaa isaa mul'isa. Kunimmoo kan argisiisu biyya kana keessatti falaasamni Oromoo waa'ee biyyasaaf qabu biyyi kuni kan isaa akka taate ragaa inni ittiin mirkaneessuu abbootni isaa biyya kanarra jiraachuu qofa osoo hintaane biyya kanarratti dhalachuu isaaniiti. Biyyan qaba jechuudhaaf yookiin biyya kooti jechuudhaaf abbootni keenyaa kan keessatti dhalatanii keessa jiraatan akka ta'e ragaadha. Amma kana hintaanetti callisaanii waan keessa bulaniifi oolaniif biyya kooti jechuun hindanda'amu. Handhuurri immoo hidda qaba. Hiddi immoo

hundee qaba. Hiddi immoo lafa keessa jira. Akkuma kanaa namni dhuunfaas ta'e akka gareetti biyyaan qaba, biyyi kuni kan kooti jechuudhaaf hundeefi hiddisaa lakkaa'amee achirra jiraachaa kan ture yoo ta'edha.

Walumaagalatti, falaasama Oromoon biyyaaf qabu wantoota adda addaarratti hundaa'uun gaggeeffama. Kanaafuu, biyyaan qaba jechuun iddoo dhaloota hiddaan walqabata, dhiigaan walqabata, hundee gadfagoo achi jiraachuun murtaa'a. Nama jalqabaa kan uume waaqa. Namni waaqaan uumamee hiddi handhuura isaa itti awwaalame biyya koo jedhee dubbachuu danda'a. kanaafuu, falaasamni sabni kuni biyyaaf qabu waaqaan hidhata guddaa qaba.  Biyya kan uume waaqaa. Lafaafi wantoota lafarra jiraatan mara kan uumes waaqa. Biyya keessa immoo namatu jira. Dabalataanis, waan namniifi uumamni biraan ittiin jiraatu qabeenyaawwaan biroonis kan jiranidha. Kanaafuu, biyyaan qaba jechuuf lafa, namaafi qabeenyaan jiraachuun dirqama. Kanaafuu, beekumsi hawaasti kuni dhimma lafaa hubatu hundeefi hidden kan walqabatu ta'uusaa hubanna.

Ittuma fufuun walaloo sirbaa Alii Birraa mataduree 'Anis Biyyan qaba' jedhuun akka hawaasa Oromootti falaasama gama biyyaan qabu yommuu addeessuu

*Biyya hayyuu qaraa*

*Biyya bifleewwanii*

*Biyya too Oromiyaa*

*Biyya sirna Gadaa*

*Kan ittiin beekamtuu*

*Mallattoon ishii Odaa*

*Anis biyyaan qabaa*

*Kanaan ittiin dhaadadhuu*

Akka yaada walaloo sirbaa kanaatti yaadni yookiin falaasamni hawaasni kuni dhimma biyyaaf qabu irratti hundaa'uun fedhiifi yaadni sabichi qabu yommuu addeessu argina. Biyyi tokko biyya jedhamuudhaaf waan hundaan faayamtee argamuu akka qabdu dhiyeessaa keesumaa immoo biyyi Oromiyaa lafa waan mara qabdu ta'uushee argina. Biyya waan hundaan beekamtuufi waan mara jireenya dhala namaaf kan ta'u, sirna bulchiinsa uumama maraa qabaachuun beekamti. Akka walaloo sirba kanaatti Oromiyaan akka biyyaatti dhiyaate. Kanaaf immoo sababni hayyoota hedduu kallattii maraan kan qabdu ta'uurraa darbee waan hundumaan ofdandeessee jiraachuu ishee kan mirkaneessuudha.

Itti fufuudhaan hawaasni kuni falaasamni dhimma biyyaa ilaalchisee qabu seeraafi heera bulmaataa mataa isaa danda'e qabaachuutti

amana. Seera bulmaataa ofii isaa kan ta'e kan ofii taa'ee mariyatee, akkaataa isaaf ta'uun uummatee kan jiraatu qabachuu qaba. Akka walaloo sirba kanaattis, hawaasti Oromoo sirna bulchiinsa mataa isaa danda'e kan ofii uummate sirna Gadaa jedhamu kan qabudha. Sirna gadaa kana keessaa seera namaa, seeraa uumaafi uumamaatu jira. Kanarra darbee safuu, aadaa, sonaafi eenyummaatu calaqqisa. Sirna bulchiinsaa kana haala bulchiinsa siyaasaa, dinagdee, aadaafi hawaasummaan walitti qabama jiruufi jireenya sabichaatu mul'ata. Sirna Gadaa kana keessaa akkaataan jireenya hawaasichaa daangaan aangoo siyaasaa, nagaan ofiifi ollaa, haalli kunuunsa dhala namaafi naannoo, dhimmootni yakkaa, haalli guddinaafi hirmaannaan hawaasaa sadarkaa sadarkaan dhiyaatee kan argamudha.

Kana malees, biyyi tokko yookiin naannoon tokko kanneen biroo irraa waan ittiin adda baatu kan mataashee qabaachuu qabdi. Dabalataanis, bakka, haala, tooftaafi mallattoo ittiin beekamtu addatti yoo qabaattedha. Mallattoo ittiin beekamtu sana keessa immoo seeraa, heera, tokkumaa, sirnaa, hundeefi hiddatu jira. Kanaanis walqabatee falaasamni hawaasni kuni qabu keessaa tokko mallattoo odaati. Odaan teessoo Oromotaati. Bakka walgahiifi seerri itti tumamee hawaasichaaf ifoomudha. Mallattoo tokkummaa gaaddisa ilmaan tokkooti. Odaan hundeen isaa tokko garuu damoota hedduu kan ofiirraa qabudha. Akkuma kanaa mallattoo ittiin beekamu odaa kan qabudha. Uummatni kunis saba biraa irraa gaaddisa ittiin beekamufi kanneen biroorraa adda kan isa godhu kan mataasaa qaba.

Kanaafuu, biyya jechuun keessa jiraachuuf kan itti abdataniifi keessaa jiraatanidha. Akka ilaalcha hawaasa kanaatti biyya kan jedhamtu jireenya dhala namaafi uumama biroof mijaawaa kan taate kan qabdudha. Dabalataanis, sirna bulchiinsa seera waaqaafi seera namaan qindaa'ee akkaataa jireenya hawaasichaa hogganu mataasaa danda'e kan qabu yoo ta'ee biyya jennee waamna. Kanarraa kan ka'e biyya jechuun keessa jiraachuuf kan itti abdatanidha. Abdii amma keessaa jiraatanii dhaloota ofiif itti abdatanidha. Biyyi jiraachuuf kan itti abdatani malee sababa adda addaa irraa kan ka'e keessaa baqatanii kan deeman miti.

Walumaagalatti, walaloo sirbaa kana keessatti falaasamni jiruufi jireenya Oromoo kan mul'atu biyya tokko biyyadha kan jechisiisu waan heddudha. Inni jalqabaa qabeenyaawwan garaagaraa qabaachuun isa angafa. Kanarratti dabaluun namootni biyya sana keessaa jiraatan jiruufi jireenya isaanii kan ittiin gaggeeffatan seera bulmaataa ijaarrachuun kan

beekamanidha. Sirna kana immoo kan ittiin dhugoomsaniifi sirna bulmaataa kan ittiin tumatan mallattoo adda ta'e qabaachuun kan beekaman yoo ta'e biyya jedhamuu akka danda'udha. Wantoota kanneen erga guuttattee keessaa jiraachuuf abdachiisaa ta'uusaa daandii nutti mul'isa. Kanaafuu, biyyi keessa jiraatanii, qabeenyaa horatanii, sababa adda addaan keessaa baqatanii kan bahan osoo hintaane kan kooti jedhanii abdatanii keessa kan jiraatanidha. Falaasamni sabni kuni qabu beekumsa addunyaan qabuun kan walsimu ta'uusaa hubanna.

Dabalataanis, walaloon sirbaa kana gadii keessatti falaasamni Oromoon lafaaf yookiin biyyaaf qabu haadhaan walqabsiisee ilaala. Falaasama, beekumsaafi jaalalaa inni lafaaf qabu jaalalaa haadhaan walfakkeessee dhiyeessa.

*Gannaafi Bonni ishii*

*Nama gammachiisa*

*Aayyoo Oromiyaa*

*Hoggaayyuu hameessaa*

*Ittiin bulmaatni ishii*

*Seera abbaa Gadaati*

*Dimokiraasiin mara*

*Ilmaan ishii hammattii*

Walaloo sirbaa gargaaramuun ilaalchi, falaasamni, dhugaafi yaadni Oromoon lafaaf qabu hedduu gad fagoodha. Lafti yookiin biyyi Oromiyaa gannaafi bona qabeenyaa isheen qabdu kan gammachistuu ta'uu ishee ibsa. Yeroo kamuu haalli osoo ishee hindaangessiin jireenya dhala namaa kan qanansiistee jiraachistudha. Kanaafis haadhaan walqabsiisee aayyoo Oromiyaa jedha. Walaloon sirbaa kunis falaasamni Oromoon biyyaaf yookiin lafaaf qabu haadhaan walfakkeesse hubata. Beekumsa Lafti haadha haati lafa jedhu qaba. Haati akkuma lafaa waan hunda dandeessuudha. Dhala isheef waan dandeessuu mara raawwattee jiraachisti. Yoo dheebbotte dheebuu baasti, yoo beelofte immoo beeluu baasuun beekamti. Ofii hagabuu bultee kaan nyaachisti. Obsaan ji'a sagal garaatti baattee, ciniinsuufi dhukkubbii hedduun booda waan lubbuu hinqabne waan lubbuu qabu gootee addunyaa kanatti fiddi. Erga deesseen boodas hamma daa'imni tokko ofdanda'uutti nuffii tokko malee kan guddistudha. Haati dhiira faana walbukkee yoo qabamtu keessi ishee jiituudha. Kanaaf waan tokko biqilchiti. Kanaafuu, garaa haadhaa keessaa waan jiru hinbeekani. Garaan haadhaa waan hedduu baata. Laftiifi garaan haadhaa waan hunda biqilcha. Waan gaariis ta'e hamaa hunda nibaasa. Wanti garaa keessatti baatamus

gaafa bahee mul'atu waan gaariidha. Lafaafi biyyaaf dawaa ta'uun tajaajila. Kana malees, mootii ta'uu mala. Kanarraa kan ka'e haati ammamillee dhabduu yoo taate ijoolleesheef ameessa. Ofii yoo hagabuu bultes daa'immaan ishee waan ittiin jiraachistu hindhabdu.

Akkuma kanaa falaasama lafaaf qabu immoo akka haadhatti yommuu ilaalamu jira. Lafti waan hundaa arga. Waan gaariis hamaas waan ta'u marti lafarratti raawwatama. Raawwiin mul'inaafi dhoksaatti namaafi qaama kamiinuu raawwatamu lafarratti dalagama. Lafti waan hundumaa baata. Lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyiin, kanneen ijaan mul'ataniifi hinmul'atne marti irra jiraatu. Irra jiraachuu duwwaa osoo hintaane uumamni lubbuu qabu marti sooratasaa kan irraa argatu lafarraati. Garaan lafaa jiidhaadha. Kanaaf waan mara biqilcha. Garaan lafaa waan namni barbaade biqilcha. Akkuma garaa haadhaa keessaa waan bahu nama addaa ta'uu danda'u garaan lafaa keessaas waanti bahu waan addaati. Uumamumaan lafti tajaajila jiraafi du'aa baachuun kan fayyadudha. Kan du'e keessatti awwaalama. Kan jiru immoo irraa nyaatee jiraata. Lafti waan mara baata, waan hunda biqilcha. Kanaafuu, lafti hameessa hinguune yeroo mara dhalli namaa kan irraa elmachuun jiraatudha.

Falaasamni hawaasni Oromoo dhimma lafaaf yookiin biyyaaf qabu kana duwwaa osoo hintaane seeraafi heera ittin bulmaata naannoo sanaa kan mataashee danda'e yoo qabaattedha. Sirna bulmaata hawaasichaa kan hoogganu, seeraafi heera hawaasichaa kabajee kan kabachiisuu Abbaa Gadaa qabaachuun ishee waan addaati. Seera Abbaa Gadaan baaseen hoogganamti. Sirna bulchiinsa Abba Gadaa kana keessaa mirga dimokiraasiitu jira. Namni martuu mirga waan hunda gochuu, hordofuufi dubbachuu kan qabudha. Hamma seeraa Abbaa Gadaan tumame keessaa hinbaanetti mirga guutuu kan qabuufi raawwatudha. Nama hunda akka seerichaatti ija tokkoon ilaaluun kan hoogganudha. Namaafi uumama biraa akkaataa sirna bulchiinsa isaaniif kenname keessatti osoo walcaalmaa tokko hinargisiisiin madaallii isaanii eeguun kan gaggeessaan seera bulmaataa qabu. Walumaagalatti, lafa yookiin biyyaan qaba jechuun seera bulmaata kan uumama mara ija tokkoon hoogganu mataa isaa yoo qabaate akka ta'e hubanna. Seera bulmaataa kana keessaa ilmaan ishee sooressa, hiyyeessaa, beekaa, wallaalaa, beekaa, hojjetaa, hojjechiisaa, daa'ima, jaarsa, dargaggeessaafi dargaggeetti mara seera kana keessatti bifa walqixxummaa qabuun kan kunuunfamanidha.

Kana malees, Walaloo sirbaa mata duree "Karaan Mana Abbaa Gadaa" jedhuun falaasama yookiin beekumsa jiruufi jireenya hawaasni biyyaaf qabu kallattii adda addaan walqabsiisuun dhiyeessa. Kana keessaa dachee yookiin lafa haadhaan walqabsiisee beekumsa qabu kan biroof arjooma.

*Dachii haadha margaa*

*Irrikee midhaanii*

*Dirrikee midhaanii*

*Jallikee bishaanii*

*Qonnee sirraa nyaanne*

*Horree sirraa yaafne*

Beekumsiifi ilaalchi Oromoon dhimma lafaaf qabu jiruufi jireenya isaa keessatti haadhaan bakka buusa. Haati waan hunda bakka buuti. Kallattii maraan waan ittiin daa'imman, maatiifi hawaasa jiraachisuu dandeessu gama hundaan kan qabdudha. Haaluma kanaan dacheenis kallatti hundaan waan ittiin hawaasa bal'aa kan jiraachistu kan qabdudha. Haati garaan ishee jiidhadhaa. Garaa haadhaa keessaa waan hunda baatti. Jiraafi du'aa, gaariifi garraamii, hamaan marti garaa haadhaa keessaa baha. Lafti yookiin dacheen irri isaa keessa yoo qotan midhaan kan irraa qotatanidha. Lubbuu qabeeyyiifi lubbuu dhabeeyyiin marti boqotani kan irra jiraatanidha. Wantoota jireenya dhala namaaf barbaachisu mara baattee kan jirtu dacheedha.

Dacheen waan hundaan guutuudha. Irri keessi yookiin dirri dachee akkuma jireenya dhala namaaf waan barbaachisu mara qabatee akkuma jiru jalli dachee immoo jireenya hawaasa tokkoof waan barbaachisu biqilchuuf kan oolu bishaanis kan baattudha. Sababii bishaan qabduuf waan mara biqilchiti. Garaan dachee keessi jiidhaadha. Wanti jiidhaan immoo waan lubbuu qabu biqilcha. Kanaafuu akkuma garaan haadhaa jiidhaa ta'ee waan haara gara addunyaa kana fiddudha. Kanaanis dhaloota yeroo adda addaatti fufsiisuuf waan ittiin dorgomamtu hinqabdu. Dacheenis akkuma haadhaa garaan ishee keessi jiidhina bishaanii waan qabuuf waan mara biqilcha. Dacheen dirrashee irraa qotanii nyaachuu qofa qosoo hintaanee horanii irra yaasuuf lafti iddoo filannoo biraa hin qabnedha.

Falaasama hawaasni Oromoo dhimma dacheen qabu karaa walaloo sirba kanaa kan mul'atedha. Beekumsa kanas haadhaafi dacheen walbira qabuun kan barsiisuudha. Akkuma haati waan hunda dandeessuu taate dacheenis akkasuma. Haati daa'imaafi maatiif yoo qabaattes, yoo dhabdes dorgommii kan hinqabnedha. Dacheen jireenya dhala namaaf filannoo kan hinqabnedha. Dirra lafarraa

qotanii nyaachuuniifi horanii irra yaasuuf kan tajaajiltudha. Lafa yommuu qotan nan madaa'ee jedhee kan hindubbanne, balfa yoo itti gatan kan ofhinboonsine alagaafi fira walqixa kan baattudha. Kana malees, dacheen waan jiraa duwwaaf osoo hintaane du'aa isaa illee keessatti owwaaluuf kan tajaajilamudha. Dacheen waan hunda argiti. Waan mara beekti. Waan dhoksaafi mul'atatti raawwatamu maraaf ragaadha.

Dimshaashumatti, falaasamni Oromoon dhimma lafaaf yookiin biyyaaf qabu wantoota adda addaan walitti hidhamiinsa guddaa qaba. Akka dhuunfaattis ta'e akka sabaatti lafan qaba yookiin biyyaan qaba jechuuf kallattii kamiinuu haa ta'u jireenyaaf mijattuu kan taate ta'uu akka qabdutti amana. Kanaaf immoo haadhaaf biyya walqabsiisuun hubata. Akkuma haati ilmaan isheef jireenya kamiinuu soortee egeree isaaniif akka mijatu taasistu, laftis jireenya ilmaan namootaaf kan mijatu wantoota garaagaraa kan qabu ta'uusaa mul'isa. Kana malees, biyyi tokko seera bulmaata mataa ishee dandeessee kan hawaasti suni waliigalee jiruufi jireenya isaa keessatti walkabajee waliin jiraatu dursaa tokko yoo qabaatedha. Sirna bulmaataa kunis namoota hundumaa bifa walqixxummaan qabu hiriirsee, mirgaafi dirqama ofii beekanii akka jiraataniif carraa kan kennu yoo qabaatedha. Biyyaan qaba jechuun biyya sana keessatti mirgi dimokiraasii dhugaa ta'e jiraatee namootni marti hirmaannaafi faayidaa gidduu galeessaa ta'e karaa seera qabeessaan kan argatanii jiraatan kan ta'u yoo ta'e biyya akka qabutti ilaala. Kanumaan walqabatee falaasamni hawaasni Oromoon qabu beekumsa addunyaan akka waliigalaatti qabuufi beekumsa hawaasichi addunyaaf qabu yookiin ilaalcha inni addunyaaf qabu mara kan qooddatudha.

**Falaasama dhimma itti fayyadama Afaanii**

Afaan meeshaa walqunnamtii dhalli nama walii walii isaa waliin walqunnamuuf tajaajiluuf oola. Dhimmootni jiruufi jireenya hawaasichaa marti kan ittiin ibsamu afaaniin. Aadaa, dudhaa, eenyummaa, barsiifata, saayinsiifi dhimmootni marti afaaniin addeeffama. Kanaafuu, hawaasichi dhimmoota isaa kanneen mara falaasama afaan ofii dubbachuufi barreessuu akkasumas hubachuu danda'uun tajaajilalamuu barbaada. Kunimmoo falaasama hawaasichi dhimma afaan isaarratti qabu mul'isa. Kallattii dhugummaa qabuun afaan isaan biyya isaa keessatti sadarkaalee adda addaatti tajaajilamuu barbaada.

Dhimmootni jiruufi jireenya marti kan ittiin ibsamu afaaniin. Aadaa, dudhaa, eenyummaa, barsiifata, saayinsiifi dhimmootni marti

afaaniin addeeffama hawaasichi dhimmoota isaa kanneen mara falaasama afaan ofii dubbachuufi barreessuu akkasumas hubachuu danda'uun tajaajilalamuu barbaada. Kunimmoo falaasama hawaasichi dhimma afaan isaarratti qabu mul'isa. Kallattii dhugummaa qabuun afaan isaan biyya isaa keessatti sadarkaalee adda addaatti tajaajilamuu barbaada. Kanaanis walaloo sirbaan gargaaramuun yommuu ibsuu;

*AB jennee kaanaa*
*Kanumaan jalqabna*
*Afaanuma keenyaan*
*Katabnee dubbifnaa? (x2)*

Jalqabumarraa jalqabee hawaasti kuni dheebuufi hawwii afaan isaan barachuun ittiin waliigaluuf qabu daran olaanadha. Jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessatti meeshaan akkaataa jireenya ittiin ibsatu inni angafaa afaani. Afaan jechuun eenyummaadha. Kan ittiin eenyummaa ofii firaaf diinatti mul'isan. Seenaan, aadaan, safuun, soonni, dinagdeefi hawaasummaan marti kan ittiin dhiyeeffamu marti afaaniin. Mirgi Afaanii hinjiru taanaan eenyummaa sabichaas akkasumaan faana dhabama. Kanumarraan kan ka'e yaadni, beekumsiifi falaasamni hawaasti kuni qabu gama afaaniin qubee ofii bocateen fayyadamuun itti gargaaramuu barbaada. Hawaasti bal'aan kuni afaanuma ofiin barachuu, ilmoosaa immoo barsiifachuu bakka barbaadeefi yeroo barbaadetti gidduu galtummaa tokko malee gargaaramuu akka qabu dhiyeessa. Sirna barreeffamaa kana keessa aadaa, seenaafi dudhaa sabichaa ittiin katabuu dabalatee dubbisuuf illee beekumsa afaanichaan ta'uu akka qabu dhaama. Kanaafuu, qubee Afaan Oromoo kan ta'e AB jechuun eegalu irra ka'uun dhalootni marti ittiin gargaaramuu akka qabu dhaamaa. Tajaajilli hawaasichi kallattii adda addaan argachuu qabuufi tajaajilamuus qabu afaan isaan akka ta'uu qabu akeeka. Biyya isaa keessatti dhiibbaafi ajaja qaama kamiin ala afaan isaan dubbachuu qofa osoo hintaane dhalootni ittiin barreessuu akka qabu akkasumas fedhaafi hawwii akkasii qabaachuu mul'isa.

Ittuma fufuun falaasamni hawaasni kuni gama afaaniin yaada, ilaalcha, falaasama, beekumsiifi xiyyeeffannoon inni qabu olaanadha. Haala itti fayyadama kana keessatti gaheen nama maraa maal maaal akka ta'e addeessuuf walaloo sirbaan gargaaramee

*Xiqqaaf guddaan keenya*
*Gaafas ifatti baanaa*
*Afaanuma keenyaan*
*Ijoollees barsiifannaa*

*Aayyoo atis ka'ii*
*Aaddeedhas dammaqsii*
*Aabboo atis ka'ii*
*Obboloos bobbaasii*

Walaloo sirbaa kana keessatti beekumsaa gama afaaniin jiru kana itti fufsiisuufi dhimma gadfagoo qabaachuu isaa kan argisiisuudha. Gareewwan hawaasaa sadarkaa adda addaa irratti argaman marti kan ittiin gargaaramaniifi beekuu akka qaban argina. Daa'imman kan isaan ifatti bahuu danda'aniifi gurguddoonnis beekumsa gadfagoo kan gonfatan yoo afaaan ofiin fayyadamanidha. Namni dhuunfaan tokkos dukkana keessaa ifatti, doofummaa keessaa beekumsatti darbuu kan danda'u afaan dhaloota isaan yoo barate qofa akka ta'etti sabichi amana. Namni tokkos beekumsa gadfagoo kan argachuu qabu afaan isaan yoo barate waan ta'eef dhalootni hawaasa kanaa haalduree tokko malee afaanicha barachuu akka qabu sirbaan dhaama. Afaan dhalootaan barchuu kana keessa aadaafi eenyummaa hawaasichaatu jira. Afaan ofiin barachuu keessa seenaatu darba, aadaatu kununfama galmeetu olkaa'ama. Kanarraa kan ka'ee hawaasichi afaan waan hundasaa ta'uutti amana.

Yaada kana galmaan gahuufis gareen hawaasa bal'aa xiyyeeffannoon kanneen raawwachuu qaban tokkummaan dammaqanii gahee isaanii bahachuu akka qaban mul'ata. Afaan meeshaa waliigaltee nama hundarra darbee ibsituu eenyummaa dhala namaati. Kanaafuu, afaan qabeenya garee hawaasa hundumaati. Hawaasti marti xiyyeeffannoon kununsuufi eeguu keessatti hunduu shoora oalaana qaba. Afaan ofiin dubbachuu, barreessuu, itti fayyadamuu, kununsuufi eeguu keessatti haadholiin, abbooliifi obboloowwaan martuu gahee mataasaanii akka qaban argisiisa. Qaamni garee hawaasaa marti waliigaluufi waltokkoomsuun xiyyeeffannoo guddaa kennuun itti fufsiisuu qaba. Walaloo sirbaa kanarraas falaasamni hawaasti kuni dhimma afaanirratti qabu gahee nama dhuunfaa tokkoo yookiin garee hawaasa murtaa'aa osoo hintaane xiyyeeffannoo saba hundaa ta'uusaa mul'isa.

Dabalataanis, yaadniifi falaasamni Oromoon dhimma Afaaniif qabu hedduu gadfagoofi waan hunda faana walqabata. Jiruufi jireenya isaa keessatti waan afaaniin walhinqabatneefi hin ibsamne tokkollee hinjiru. Kanas walaloo sirba Alii Birraa caalmaatti bilcheessee yommuu ibsu

*Galma aadaa keenya*
*Eegaa seenaa keenyaa*
*Kallacha tokkuummaa*

*Hundee bilisummaa*

*Afaan Oromoo*

*Hundee Oromummaa*

Afaan galma aadaa hawaasa tokko qajeelcha nihogganas. Aadaan immoo jiruufi jireenya garee hawaasa tokko kan bakka kan bu'udha. Mallattoon saba tokko isa kaanirraa adda ba'u keessaa tokko aadaadha. Aadaan hawaasa tokkoos kan ittiin beekamu, barsiifamuufi dhalootaa dhalootatti ittiin daddarbu immoo afaaniin. Dabalataanis, afaan seenaa saba tokkoo ittiin barreessuuf, waan dhokatee jiru mul'isuuf, isa dabee jiru sirreessuuf meeshaa dorgomaa hinqabnedha. Meeshaa waraanaa ammayyaa caalaa meeshaan seenaa hawaasa tokkoo eeguuf tajaajilu afaan akka ta'e hawaasicha biratti beekamaadha. Kanaafuu, jiruufi jireenya hawaasummaa tokko keessatti seenaan sabichaa firaaf diina biratti akka beekamuufi dhiisu, dhalootaa dhalootatti akka darbuufi hafuu keessatti gahee afaan qabu kan dorgomu hinjiru. Hawaasni tokko Afaan isaatti haalaan hinfayyadamu taanaan aadaa isaa dabalatee seenaan sabicha akka badetti ilaalama.

Afaan lafee dugdaa jireenya hawaasa tokkooti. Keesumaa immoo hawaasa Oromoo biratti jiraachuun isaa afaaniin gargar bahee hin ilaalamu. Walaloon sirbaa kunis bifuma kanaan meeshaa kallacha jedhamu waliin walqabsiisuun dhiyeessa. Kallachi meeshaa jabaa diina ofiirraa ittiin ittisan yookiin kan ittiin lolanidha. Akkuma kanaa hawaasti kuni falaasama afaaniif qabu keessatti afaan meeshaa cimaa waan mara ittiin ofirraa deebisan ta'uu amana. Afaan humna cimaa qaba. Seenaa saba tokkoo balleessuu yookiin olkaasee beeksisuu keessatti shoora olaanaa qabaata. Dabalataanis, hawaasti tokko bilisummaa qaba kan jedhamu yoo mirga itti fayyadama afaaniifi iddoo barbaadetti yoo gargaaramedha. Akka hawaasa kanattis falaasamni dhimma afaaniif qabu Oromummaa faana walqabata. Afaan hundee Oromummaati. Oromummaan immoo eenyummaa faana hidhata qaba. Hawaasni kuni falaasama jiruufi jireenya isaa keessatti qabu dhugaawwan jiran sababeessuun dhugaa jiru mul'isa.

Yaadni waliigalaa kutaa kanaa falaasamni yookiin beekumsi dhugaa hawaasni kuni dhimma afaan isaarratti qabu inni guddaan sadarkaa kamittuu dachee isaarratti afaan isaan gargaaramuu fedha. Magaalaafi baadiyaa keessatti dhimma isaa mara afaanuma isaan fayyadamee yeroo mara itti fayyadamuu akka qabu argina. Kana malees hawaasichi qabeenya, aadaa, dudhaa safuufi beekumsa qabu afaanuma isaan ibsachuu akka qabutti

amana. Dabalataanis, tajaajilawwan haqaa, barnootaa, daldalaafi kan kana fakkaataan keessatti tajaajila inni argachuu qabu afaanuma ofii beekuun akka ta'e akeeka.

**Goolaba**

Falaasamni walaloo sirbaa Afaan Oromoo filataman keessatti mul'atu beekumsa hawaasichaa gama garaagaraan kan calaqqisiisanidha. Falaasamni walaloo sirboota filataman keessatti mul'atanii qorannoo kanaan adda bahan kanneen dhimma lafaa, biyyaafi itti fayyadama afaanii irratti jiran kan dhiyeessudha.

Falaasamni hawaasni Oromoo dhimma lafaaf qabu hedduu bal'aafi gadfagoodha. Oromoon Lafa haadhaan walqabsiisa. Haati jireenya hawaasummaa keessatti waan hunda dandeessuu, garaatti waan mara baachuun gara addunyaa kanatti kan fiddudha. Laftis waan hunda arga, jiraafi du'aabaata, gaarii hamaa ni arga nijiraachisa. Garaan lafaa keessa waan jiru hinbeekanii waan hunda biqilcha. Jireenya dhala namaaf waan barbaachisu mara guutuun kan jiraachisuudha. Gaafa namni jireenya isaa xummuree boqotus ofkeessatti baachuun kan tursuudha. Kanaafuu Oromoon dubbii lafatti himata, lafaaf kabaja qaba. "Yaa lafaa argi yaa Waaqi faradi" jedha. Akka ilaalcha yookiin falaasama kana keessa jirutti hawaasa Oromoof lafti dinagdeedha. Hawaasti tokko akka hawaasaatti ofkabachiisee jiraachuu kan malu yoo dinagdeen ofdanda'edha. Dinagdee kanas lafaafi lafa qofaarratti bu'uuruun of akka danda'utti hawaasni kuni amana. Lafarraa qotanii galfatu, lafarra dhaabbatanii hojjetu. Dinagdeen hawaasaas achumarraa argama. Kanaafuu, walaloo sirbaa kanneeni falaasamni Saba Oromoo qabu lafti dinagdee guddaa bara baraan akka hindhumnetti amana.

Lafti saba kanaaf taa'uumsa yookiin daangaadha. Lafti quubsuuma yookiin taa'uumsa lafaa saba tokko isa kaaniirraa ittiin adda baasanidha. Daangaan murtaa'aa saba tokkoo sana keessatti dhimmootni hawaasicha ilaallatan marti kan raawwatamanidha. Lafan qaba jechuuf daangaa taa'uumsa lafaa sabichaaf kenname keessatti nagaafi tasgabbiin jiraachuudha. Hawaasni tokko lafa qabu yoo ta'e daangaa dhaabbataas qabaata.

Lafti ibsituu eenyummaadha. Akka ilaalchaafi falaasama hawaasa kanaatti lafti bakkatti eenyummaa ofii ijaarratanii jiraatanidha. Lafa hinqabdu taanaan eenyummaa dhabaa deemta. Kunimmoo bakkatti kallattii adda addaan eenyummaakee argisiistu waan hin qabneef ofwallaalaafi eenyummaakee dhabaa deemta.

Kanaafuu, lafa qabaachuu eenyummaa gama adda addaan qabaachuu jechuudha.

Lafti aadaadha. Akka falaasama Oromoo lafaaf qabutti namni lafa qabu aadaa mataasaa akka qabutti amana. Aadaan saba tokkoo kan dagaaguu danda'uu yoo bakkatti aadaa sana mul'ifatu yoo qabaatedha. Lafa qabaachuun aadaa qabaachuudha. Sabni tokko lafa hinqabu yoo ta'e aadaa akka hinqabne kan adda bahedha.

Gama biraan immoo falaasamni Oromoon gama biyyaan qabu immoo kanneen sabaafi sab-lammoota biyya kanaa irraa adda. Akka falaasama hawaasa kanaatti biyyi tokko kan waamamtu abbaani yookiin immoo dhiiraani. Biyya Abbaa koo jedhee dhaaddata. Sababni isaas daa'imni tokko guyyaa dhalatee kaasee hidda dhalootaa gama abbaan jiruun lakkaa'ata. Haala kanaan raawwachuun immoo dhuftee sabichaa eessa akka ta'e kan mul'isuudha. Dhufteen kunimmoo hiddaafi sanyiin walitti hidhata. Kanaafuu lafti kan abbaa dhufee irra qubatee osoo hintaane hidda dhalootaan kan gosa duraan dursee achirra tureen akka ta'uu danda'u kan argamedha.

Biyyi tokko Abbaan waamamuun falaasama biraa walaloo sirba kanaan adda baafame hawaasa kana biratti qabu eegumsaan walqabata. Biyyi tokko biyya jedhamuuf naannoo sana humnaanis ta'ee yaadaan kan eeguufi tiksuu jiraachuu qaba. Gama kanaan akka aadaa Oromootti dhiirri irra jireessaan hojiiwwan daangaa biyyaa eeguu, tiksuufi kununsuu irratti waan hirmaatuuf abbaan akka waamamu adda kan bahedha.

Beekumsi Oromoon waliin waa'ee biyyaaf qabu inni biraan qabeenyaan walitti hidha. Biyyi tokko biyya jedhamuuf qabeenyaa mataa ishee qabaachuu akka qabaattu walaloo sirboota kana keessaatti nimul'ata. Qabeenyawwan uumamaafi namtolchee humna namaa dabalatee gama maraan ofdandeessee kan jirtu yoo ta'e akka biyyaatti fudhata. Akka ofdandeessee dhaabbattuuf ammoo daangaan siyaasaa, dinagdee, teessuma lafaa, hawaasummaa, aadaa, afaaniifi mirga namummaa mara dabalachuu kan maludha.

Falaasamni Oromoon qabu kanneen walaloo sirboota filataman kana keessatti calaqqisu inni biraan beekumsa inni waa'ee afaanii irratti qabudha. Akka ilaalchaafi beekumsa sabni kuni ofiifi nam biroof akeekutti afaan karaa ittiin eenyummaa ofii ibsatanidha. Eenyummaa keessa immoo jiruufi jireenya hawaasatu calaqqisa. Kanaafuu, akka hawaasatti afaan ofiin jiruufi jireenya isaa gaggeeffachuu akka fedhu waraqaa kana keessatti kan argamedha.

Walumaagalatti, walaloon sirboota filatamanii keessatti falaasamni Oromoon qabu kan mul'atanidha. Goorowwan falaasamaa garaagaraa addunyaa irratti argaman falaasama Oromoo keessas kan jiranidha. Falaasamawwan mul'atan kunis gooroowwan falaasamaa addunyaa irratti dhimma itti bahamaa jiranii kan mul'isuufi ilaalchawwan Oromoon addunyaa ittiin hubatu kan utubudha. Beekumsi Oromoon qabu kan addunyaan qabdu keessa kan jiruufi falaasama ofii qabus addunyaaf kan beeksiseedha. Falaasamni Oromoon qabu addunyaan kan qabduun kan walgitudha. Kana malees ilaalchi hawaasni kuni addunyaa ittiin hubatus falaasama addunyaan qabduun kan walgitudha.

**Wabiilee**

Barbara K. Hofer and Paul R. Pintrich (1997). "The Development of Epistemological Theories: Beliefs About Knowledge and Knowing and Their Relation to Learning. Review of Educational Research Spring" Vol. 67, No. 1, pp. 88-140

Bartels, L. (1983). *Oromo Religion. Myths and Rites of the Western Oromo of Ethiopia an Attempt to Understand*. Berlin: Reimer.

Bartels, L. (1989). *Oromo Religion: Myths and Rites of the Western Oromo of Ethiopian Attempt to Understand*: Berlin. Dietrich Riemer Verlag.

Brenner, S. N. (1992). "Ethics Programs and Their Dimensions". Journal of Business Ethics, 11,391-399.

Copi, Irving M. & Cohen, Carl (1997). *Introduction to Logic*. New Delhi: Prentice Hall of India.

Dasta Alamayo (2015). "Safuu: The Indigenous Oromo Moral System," MA Thesis, Addis Ababa University, Department of Philosophy.

Gemetchu Megerssa (1993). "Identity, Knowledge and the Colonizing Structure," PhD Thesis, University of London, School of Oriental and African Studies.

Guba, E. G., & Lincoln, Y. S. (1994). Competing Paradigms in Qualitative Research. In N. K. Denzin & Y. S. Lincoln (Eds.), Handbook of qualitative research (Vol. 2, pp. 163–194).

Ibekwe, E. U. (2010). *Musicians And the Philosophical Dimension of African Man*. Awka Journal of Research in Music and the Arts. (7) 33-44. Department of Music, Nnamdi Azikiwe University.

John Carroll and Ned Markosian (2010). *An Introduction to Metaphysics*. Cambridge university, Cambridge university Press.

Dasta Alamayo (2015). Safuu: The Indigenous Oromo Moral System. A Thesis Submitted to the Graduate School of Social Sciences in partial Fulfillment of the Requirements for the Masters of Arts Degree in Philosophy: Ethiopia, Addis Ababa, Addis Ababa University.

King, P. M, & Kitchener, K. S. (1994). *Developing Reflective Judgment*: Understanding and promoting intellectual growth and critical thinking in adolescents and adults. San Francisco: Jossey-Bass

Mohammad Chowdhury (2016). *Emphasizing Morals, Values, Ethics, And Character Education in Science Education and Science Teaching.* Australia: Monash University,

Olusegun Oladipo & Patrick Akins Anya (2006). *Philosophy and Logic*: An Introduction. Nigeria: Hope Publications Ltd.

Tesema Ta'a (2012). "Religious Beliefs among the Oromo: Waaqeffannaa, Christianity and Islam in the Context of Ethnic Identity, Citizenship and Integration," EJOSSAH, VIII (1): 87-111.

Theodore Sider, John Hawthorne, and Dean W. Zimmerman (2008). *Contemporary Debates in Metaphysics*. Oxford: Blackwell Publishing Ltd

Yap, S. F. (2014). Beliefs, values, ethics and moral reasoning in socio-scientific education. Issuesin Educational Research, 24(3), 299-319.